ICRC

## ITIYOOPHIYAA

# HOJII HOJJETAMEE FI LAKKOOFSA

## AMAJJII-MUDDE 2020




KQDIAn bara 1977 ALA tti, lola Itiyoophiyaa fi Somaaliyaa giddutti ta'ee eegalee, Itiyoophiyaa keessa jira. Hojii gurguddoon amma biyyatti keessatti hojjetaa/dalagaa jiru, qabiinsaa fi haala sirreeffamtoonni seeraa keessa jiran mirkaneeffachuu fi daawwii sirreeffamtoota seeraaf gochu, qama miidhamtoota gargaaruun, akka tajaajila ga'umsaa fi itti fufiinsa qabu argatan gochuu dha. Waldaa Qaxxaamura Diimaa Itiyoophiyaa (WQDI) wliin walitti dhiyeenya jabaan hojechuun tajaajila maatii gargar babbadan, keessumattuu sababa walitti bu'iinsaa hidhannoon deggerameef haala hookkara biroof jecha gargar bahan deebisanii wal-quunnamsiisuu fi gargaarsa namoota sababa walittti bu'iinsaaf qe'ee isaanii irraa buqqa'aniif dhiyeessa. KQDIA beekumsa/hubannoo Seera Namoomaa Idil-Addunyaa miseensota Humna Ittisa biyyaa fi Poolisii, akkasumas dhaabbilee barnootaa olaanoo, Ogeeyyii seeraa fi qaama himaammata baasan ni jajjabeessa. Bara 2020, hojiin namoomaa KQDIA deebii balaa gurguddoo lama irratti kan xiyyeeffate yoo ta'u, isaanis balaa dhibee Koronaa fi lola Kaaba Itiyoophiyaatti ta'ee dha. KQDIA, tatamsa'ina dhibee daddarbaa, Vaayiresii Koronaa biyyattii keessatti mul'ate saffisaan hubachuun hojii to'annaa dhibichaa battalumaan hojii waliigalaa biyyattii keessatti hojjetaa jiruun wal-simsiisuun hojii ittisa dhukkubichaa irratti hirmaachaa jira. Akka deebii gargaarsa namoomaa balaa namoomaa lola kaabaa Itiyoophiyaatti ta'eef jecha uumameef, jalqaba ji'a Sadaasaa 2020 irraa eegalee KQDIA saffisaan deebii isaa fooyyeessuun qoricha/Daawaa fi meeshaalee yaalaa dhaabilee tajaajila fayyaa kennan, sababa hanqina dhiyeessiin garmalee miidhamaniif rabseera; akkasumas maatilee gargar babbadan Tigraayitti deebisee wal-quunnamsiiseera. Dabalataanis, KQDIA fi WQDI waliin ta'uun gargaarsa hatattamaa fi bishaan uummata miidhamanii fi qe'ee irraa buqq'aniif godheera.

## BAKKAAWWAN MANA AMALA SIREESSAA

### AMAJJII-MUDDE 2020, KQDIA :

- Sirreeffamtoota Seeraa **72,000** daawwachuun, deggersa meeshaalee qulqullinaa dabalatee, uffata, bukkula/uffata halkanii fi meeshalee bashannanaa, manneetii amala sirreessaa bakka **57** naannolee adda-addaa keessa jiran sirreeffamtoota **63,000**f fayyadu dhiyeesseera. Hordoffiin Sirreeffamtoota seeraa dhuunfaan nama **242**f godhameera.
- Sirreeffamtoota Seeraa **51,000** ta'an mana amala sirreessaa **38** keessa jiraniif akka bishaan qulqulluu fi tajaajila qulqullinaa fooyya'aa ta'e argachuu danda'aniif ijaarsaa fi suphaa barbaachisaan ta'e hojjetameera.




Meeshaalee quliqullinaa mana Amala-Sirreessaa Gondoriif, Ittisa Dhibee Koronaaf rabsame.

- Tajaajila bilbilaa tolaan Sirreeffamtoonni seeraa **10,940** wal-quunnamtiin maatii isaanii akka deebi'u/ itti fufu godhameera.
- Fedha Kabaja Sirreeffamtoota saaxilamoof jecha, dhibamtoota sammuu fi haawwan ulfa ta'an nama **90** uffataa fi meeshaleen quliqullinaa gumaachameera.
- Degersa qorichaa fi ogeessa Kiliinika riferaalii manneettii Amala Sireessaa naannoo Oromiayaaf gochuun, Sirreeffamtoota **2,403** fayyadamoo taasisuun itti fufee jira.
- Meeshaalee yaalaa fi mit-yaalaa ta'an kennaman (meeshaa sochii, meeshaa qulqullinaa,fi

dhuunfaa) sirreeffamtoota saaxilamoo 43 manneetii amala sirreessaa Federaalaa fi Naannoof kennuun rakkoo dhuunfa isaan akka hiikkatan dandeessifamniiru.

- Saamunaa 516,900, buufataalee meeshaa harka dhiqannaa 315, kilooriinii liitira 435, dhangala'aa harka qulleessu liitira 330, dispeenserii 135, fi meeshaalee dhibee ittisan bakkaawwan mana amala sirreessaa 57, sirreeffamtoota 63,000 qabatanii naannolee hundaa keessatti argamaniif rabsameera.
- Meeshaalee ittisaa dhuunfaa manneetii Amala Sirreessaa tajaajila fayyaa kennan 13 naannolee akka FinFinnee, Amaara, Oromiyaa, Beenishaangul Gumuz, Somaalee fi Sidaamaaf rabsuun, akka ittisa babali'na dhibee Koronaaf issan fayyaduuf, Sirreeffamtoota Seeraa 15, 750 fayydamtoota godha.
- Ogeeyyii fayyaa manneetii Amala Sirreessaa guutuu biyyaarraa dhufan 28f Leenjii ittisa dhibee fi to'annaa Koronaa "COVID-19" irratti kenameera.

## MAATILEE GARGAR BABBADAN

**AMAJJII-MUDDE 2020, KQDIA :**

- Waldaa Qaxxaamura Diimaa Itiyoophiyaa waliin ta'uun, meeshaalee nyaataa fi mit-nyaataa godaansaa-deebitoota 33,224 Giddu-gala turmaataa "Quarantine center" 7 FinFinnee, Gondor, Mooyaalee fi Dirree Dawaa keessatti gargaaramaniiru.
- Godaansaa-deebitoota 33,281 akkuma biyya gahaniin karaa tajaajila bilbila tolaa maatii isaanii quunnamuu akka danda'an taasifameera.
- Waldaa Qaxxaamura Diimaa Itiyoophiyaa waliin ta'uun, bilbila tolaa 56,781 baqqattoonni firoota biyya isaanii jiran waliin akka wal-dubbisan taasifameera.
- Gaaffii maatii gargar babaddan barbaachisuu haaraa 447 biyya keessaa fi Alaa sassaabuun barbaadamanii namoota 378 argamaniiru.
- WQDI waliin ta'uun Ergaa Qaxxaamura Diimaa (EQD) 6,000 ta'an sassaabuu 1,398 ammoo maatilee sababa walitti bu'iinsaa yookaan hookkaraaf tatamsa'aniif rabsuun maatilee gidduutti wal jijjjiirameera.
- Barruu suuraa baqattoota Sudaan Kibbaa 396 firaa isaanii barbaadaa jiran qabate haaraan maxxanfameera.



Baqattuun Sudaan Kibbaa yeroo ergaa obboleettii ishee dhiyeenya kana argamte irraa ergameef dubbistuu (Karaa Qaxxaamura Diimaa wal-jijijjiiran), Gambella, 2020,]

## FAYYAA

**AMAJJII-MUDDE 2020, KQDIA :**

- Ga'umsa deebii ittisa balaa isaanii jajjabeessuu kaayyeffachun, meeshaalee yaalaa bu'uuraa ta'an buufataalee fayyaa 17 fi hospitaalota 23 naannolee adda-addaa keessa jiraniif, dhiyeeffameera.
- Deggersa ogummaa ji'a-ji'aa, meeshaalee yaalaa hanqatan guutuu fi meeshaalee/ uffata haawwan buufata fayyaatti dahaniif kennamu, buufata fayyaa afur Husee, Cinaaksan, Tulliguleedii fi aanaa Mayyuuf kennuun haawwan 2,100 buufataalee kana keessatti dahaniif akka kennamu ta'eera.
- Dhaabbata Buufata Fayyaa Hawaasaa Itiyoophiyaa fi Ministeera Fayyaaf leenjii karaa of-eegganoo fi kabaja qabuun reeffa "COVID-19" wal-qabatu afur qindeessuun ogeeyyii 288 Finfinnee fi naannolee adda-addaa irraa dhufaniif kennuun deggerameera.
- WQDI waliin ta'uun firaashii 2,500 amsoolaa 2,500, saamunaa fi qulqulleessituu 20,000, buufataalee namoonni Koronaan "COVID-19" qabaman itti yaalii argatan 17 naannolee Amaaraa, Oromiyaa, Finfinnee, Dirre Dawaa, Somaalee fi Harariif dhiyaateera.

## DEGGERSA DIINAGDEE

**AMAJJII-MUDDE 2020, KQDIA:**

- Sanyii Boqqolloo, Mishingaa, Boloqqee, Xaafii fi Qamadii toonii 700, maatii 12,350, sababa walitti bu'iinsaan miidhaman (Oromiyaa) Baha Harargee fi Baha Wallaggaa, (Somaalee) Zoonii Fafaanii fi Erer (Benishaangul Gumuz) Kamashii jiranii akka jiruuf- jireenyi isaanii iddootti deebi'uuf rabsameera.
- Laastikii godoo ittiin ijaaran, minxaafii laastikii, Bukkula/Uffata halkanii, Jaarkaanii, meeshaa nyaata itti bilcheeffatanii fi Saamunaa namoota qe'ee isaanii irraa buqqa'an 7,000

oliif (Naannoo Amaaraa) Quwaaraa, (Naannoo Somaalee) Tulli-guleed, Raasoo fi Salahaad, (Naannoo Beenishaangul Gumuz) Matakkal, (Naannoo Kibbaa) Koonsoo keessa jiraniif rabsameera.

- Gargaarsa qarshii namoota **1,000** hanga **6,000** namoota **26,488** ta'an tasgabbii dhabbenyaan miidhaman naannoolee Amaaraa, Somaalee, Oromiyaa fi Gambeela keessaatti miidhamaniif godhameera.
- Talaallii beeladaa/horii, dhibee sadiif (Antraaksii, Blaakleegii fi paastoreellaa) **450,000** oliif namoota horsiisaa fi qonnaan bulaa ta'an daangaa Oromiyaa fi Somaalee kaabaa jiraatan namoota **196,800** fayyadamaa godhe kennameera.



Uummata Hookkaraan miidhame yeroo gargaarsa bu'uuraa Qaxxaamura Diimaa harkaa fudhatan, Konso, Kibba Itiyoophiyaa, 2020.

## BISHAANII FI BAKKA JIREENYAA

**AMAJJII-MUDDE 2020, KQDIA :**

- Ijaarsa bishaan boollaa naannoo Somaalee, zoonii faafan, aanaa baabbillee araddaa kaaliyaalee namoota **52,400** ol fayyadu xumurameera.
- Ijaarsi Bishaan Boollaa (Somaalee) Baabillee kan namoota sababa hookkaraan miidhaman **4,500** fayyadu xumurameera.
- Ijaarsi dhiyeessii bishaanii (Somaalee) Awjaabur kan namoota sababa hookkaraan miidhaman **10,000** fayyadu xumurameera.
- Ijaarsi Bishaan Boollaa adeemsa irra jiru sadii (Oromiyaa) Haroo Limmuu fi (Benishaangul Gumuz) Yaasoo xumuramuun namoota hookkaraan miidhaman **3,575** fayyadamaa godhu adeemsa jalqabaa xumureera.
- Ujummoo bishaanii buufata fayyaa (Oromiyaa) Cinaaksenii fi (Somaalee)Tulluu Guleed suphameera.
- Kellaa fayyaa fi kiliinika beeladaa Calloo fi Roggee ijaaramee xumuramuun namoota **10,000** fayyadamaa godheera.

## QAAMA-MIIDHAMTOOTA

**AMAJJII-MUDDE 2020, KQDIA :**

- Giddu-gala tajaajila Qaama miidhamtootaa sagal, Naannolee Oromiyaa, Amaara, Hararii, Kibba, Beeninshaangul Gumuzii fi Somaaleef meeshaa qodaa harka dhiqannaa baatuu, meeshaalee qulqullinaa fi barruulee ergaa ittisa dhibee Koronaa "COVID-19" qabu rabsameera
- Afaan biyya keessaa afuriin quunnamtii hammataa ta'e, ilaalcha fi amala qajeelaa namoota qama-midhaamoo ta'an irratti akka qabaatamu irratti Waldaa Federeeshinii Qaama-Miidhamtoota Itiyoophiyaa waliinTiivii fi Raadiyoon sadarkaa biyyoolessaa fi naannootti qilleensarra oollera.
- Giddu-galli tajaajila qama-miidhamtootaa shan akka haguuggii fuulaa naannootti hojjetamu **4,000** oomishanii Ogeeyyi fayya adda-dureen hojjetaniif kennamuuf deggersi ta'eera.



Hojjetaan KQDIA, yeroo gorsa teeknika oomisha kiraanchii, ogeessa Gidu-Gala Qaama midhamtoota Oromia, Naqamteef kennu.

- Qaama-Miidhaamtoonni **6,438** akka Giddu-gala tajaajila Qaama-Miidhamtootaa KQDIA gargaaru deemanii gargaarsa fedhan argachuu danda'an dandeessiseera. Issan keessaa namoonni **41** rakkoo diinagdee hamaaf saaxilamoo waan ta'aniif baasii geejjibaa fi nyaata isaanii KQDIAn cufameera.
- Sirreeffamtoota Seeraa **32**f tajaajila meeshaa deggersaa guutuu meeshaa sochii, Wiilcherii, dhaabbata/Kiraanchii, kophee bakka bu'aa, fi miilla nam-tolchee dhiyeesseera.

## ITTISA/QUUNNAMTII

**AMAJJII-MUDDE 2020, KQDIA :**

- Leenjii Mirga Namoomaa Idil-Addunyaa fi Sadarkaa Mirga Dhala namaa, Ofiiseroota Raayyaa Ittis Biyyaa **120** ajajoota Bahaa, Kibbaa fi Kaabaaf kennameera.

- Leenjii Mirga Namoomaa Idil-Addunyaa fi Sadarkaa Mirga Dhala namaa, qorannaa yakkaan wal-qabsiisee hoggantoota qorattoota yakkaa **35** fi namoota biroo Koomiishinii Polisii Naannoo Oromiyaaf kennameera.
- Leenjii Mirga Namoomaa Idil-Addunyaa fi Sadarkaa Mirga Dhala namaa, Poolisii Humna Addaa naannoo Somaalee fi Poolisii Humna addaa fi idilee naannoo Oromiyaa **77**f, Naqamte irrtti kennameera.
- KQDIA mallattoo walhubannoo/"Memorandum of Understanding" Yuunivarsiitii- koolleejii Poolisii Itiyoophiyaa waliin, waa'ee shoora qaammi seera kabachiisuu dhibee koronaa COVID-19" ittisuu keessatti taphatu, deggersa jajjabeessuu ergaalee mata -duree "Filmaata to'annaa fi hidhaa", "Eegumsa dhaabbilee Fayyaa" fi "Fayyadama humnaa fi meeshaa waraanaa" irratti xiyyeeffate karaa qilleensa irra oolchuu fi barreeffamaan milkiin hojii irra ooleera.
- Haala Koronaa/"COVID-19" keessatti, shoora seera-kabachiisuu ilaalchisee seeminaara guyyaa lamaa qopheessuun ogeeyyii sabaa-himaalee **24** Mootummaa fi Mit-mootummaa irraa dhufaniif qindaaheera.
- Kiliinika Mirga Namoomaa Idil-Addunyaa biyyattii keessatti isa jalqabaa ta'e, Yuunivarsiitii Finfinnee keessatti akka ijaaramuuf deggerameera.
- Seeminaara ogeeyyii seera baasanii fi ogeeyyii abbaa alangaa federaalaa **20**f qoppeessuun haala Seerri Idil-Addunyaa itti akka biyyaatti hojii irra oolu danda'mu irrattii fi shoora waajjirri achirratti qabaachuu malu irratti mari'achuuf qindaahe.
- Fuula Feesbuukii KQDIA/ "ICRC" Itiyoophiyaa irratti maxxansaalee **200** ol waa'ee seera bu'uuraa, hojii/dalagaa KQDIA fi WQDI, fi ittisa dhibee koranaa "COVID-19" ergaaleen dabarsan maxxanfamaniiru.

## HOJII-GAMTAA WALDAA QAXXAAMURA DIIMAA ITIYOOPHIYAA (WQDI) WALIIN

### AMAJJII-MUDDE 2020, KQDIA :

- Meeshaa gargaarsaa **2,000** (meeshaalee manaaf faayyadan kan qabate) maatii **2,000** gargaaru WQDIf gumaacheera.
- Babal'ina dhibee Koronaa/COVID-19 biyyaattii keessaa ittisuuf kan oolu, qarshii miliyoona **4.2** WQDIf gumaacheera.
- WQDI leenjii adda-addaa hubannoo tajaajila fayyaa dursaa fi dhibee Koronaa irratti jiru fooyyesuu irratti xiyyeeffate Tola-ooltotaa fi Hojjettoota Qaxxaamura Diimaa **2,261** deggersi ta'eera.


Henok Birhanu/ICRC

Nama Hookkaraan miidhame, gargaarsa Sanyii minaanii KQDIA kenneef oomishatee, baadhatee yeroo deemu, Yaasoo, B.Gumuz, 2020.

## GARGAARSA TIGRAAYI

### SADAASA-MUDDE 2020:

- Dhiyeessii Meeshaa yaalaa fi Qoricha/Daawaa dhaabilee fayyaa **13** Tigraayii fi Amaaraa keessa jiran rabsameera. Diyeessichi dhukkubsattoota **10,900** madoo dabalatee yaalchisuu danda'a.
- Tajaajila Fayyaa dursaa ilaalchisee, KQDIA, dameelee WQDI adda-addaaf hanquu qorichaa fi meeshaa saanduqa tajaajila fayyaa dursaa guuteeraaf.
- Dhaabbata/Kiraanchi **2,050** Hospitaala Baahir Daariif, akkasumas Dhaabbata/ Kiraanchii **2,050** biroo fi wiilcherii afur ammo Dhaabbata Giddu Gala Qaama Miidhamtootaa Dasseef gumaacheera.
- WQDI waliin ta'uun, naannoo Tigraayitti maatii gargar babbadan **2,053** bilbila tolaa fi ergaa gabaabduun wal quunnamsiisuun danda'meera.
- Namoota sababa walitti bu'iinsa Tigraayiin hidhaman, haal isaan keessa jiran daawwachuun meeshaalee qulqullinaa kennameeraaf.
- WQDItti, Damee Gondor Kaabaa fi Walloo Kaabaaf qarshii **719,000** ramaduun baasii madoo fi dhukkubsattoota ittiin akka cufatan godhameera.


Facebook.com/ICRC Ethiopia
twitter.com/ICRC Ethiopia
Instagram.com /icrc.afrique

**ICRC Delegation in Ethiopia**
**Addis Ababa Head Office**
Bole Sub-city, Kebele 12/13
P 5701
T 011647 8300
F 011647 8301
E-mail: addis_abeba@icrc.org
Facebook.com/ICRCEthiopia
www.icrc.org

**Nekemte**
K 05, H.No. 290
T +251 576 606 655
F +251 576 606 657

**Mekelle**
W. Debube, Kebele 16
T +251 344 40 8353
F +251 344 40 4540

**Jigjiga**
Zone 2 Kebele 10, H.No. 0196
T +251 252 78 8149


The ICRC helps people around the world affected by armed conflict and other situations of violence, doing everything it can to protect their dignity and relieve their suffering, often with its Red Cross and Red Crescent partners. The organization also seeks to prevent hardship by promoting and strengthening humanitarian law and championing universal humanitarian principles.

ICRC